# Konfaransiin Tururaa Qorannoo Oromo Sadarkaa Adunyaa Milkin Xumurame

Tururaan Qorannoo Oromo konafarnsisaa isa jalqaba sadrakaa adunyaatti Mudde 17-18, 2016 ademsise milkidhaan xumurachusaa gammachguu guddadhan inbsina. Konfararnsin kun kan ademsifame 'University of East London' , London-UK tti yammu ta'u, waraqaa qorannoo kan dhiyeessan biya Swidini , Norwey, Ameerikaa, Rupubilikii Ckek, Birasilsi, Xaaliyaani fi UK irratti.

Sirna baninsaa irratti maanguddotni kan ebbisan yammu ta'u bakka bu'aan Gamtaa Hawaasa Oromo UK haasaa deggersa NOS erga godhanii booda, konfarnsiin kun Darekteera NOS , Dr Gizawuu Taasisatin ifatti baname. Seenaa qorannoo Oromo keessatti iddo olaanaa kan qabani fi beektota Oromon qabdu kessa tokkoo kan ta'an Profeser Mekuria Bulcha, haasa murtessaa godhan keessatti bara 1970 kaasee seenaa qorannon Oromo keessa darbe ibsaniru.

Qorannoo dhiyyatan keessa, aadaa Oromo, gahee afoollaa Oromo seenaa Oromo kessatti, yadannoo Oromo biyolessaa , qabsoo biyyolessaa Oromo keessatti gahee dubartota Oromo, addunyessuu fi dhiibba inni Oromo irratti qabu, Afaan Oromo waltessuu kan argaman yammu ta'u kun qorannoo NOS gara fulduratti ademsisuf jajjabina guddaa dha. Kana caala, kan nama gammachisu dardarri tokkoo ka umuriin 17 , biyya keessaa ga'essota irra odeffanno argachuun rakkisaa yo ta'eyyuu qorannoo Gahe Afollaa Seena Oromo Kessatti kan jedhu dhiyeessusaati.

Konfaransin kun akka addaatti kan ilaalu, qorannon dhiyatan tokkoo-tokko akka barbachisumaasatitti Afaan Ingliziti fi Afaan Oromotin dhiyachusaa, agarsisa kitaabotaa fi agarsisa qorannowwan NOStti dhiyatani sababa addaddatin otuu hin dhiyaatin hafan qabaachusaati.

Gara dhumaatti, konfaransin kun NOS gara fullduraatti attamitti foyya'uu danda'a kan jedhu mari ta'e irratti hariiro dhaabbilee barnoota olaana UK jirani fi Oromyattii, USA, Kanaadaa jirani wajjin babballisun barbaachisaa akka ta'e tuqamee konfaransin kun milkin xumarame.Namota konfaransin NOS 2016 kun fiixaan akka bahuf gumaachan guddaa galatefanna.

Tururaan Qorannoo Oromo, kan dhaabbate, ifaajee aadaa fi seenaa Oromo, Afaan Oromo, Saayinsi qoranno Oromo ilalatu cimsuf. Dhaabatni kun bara 2015 Uk itti kan dhaabbate yammu ta'u sochi bara 2003 kaase UK ture hubanno kessa galcheti. NOS Waldaa Qoranno Oromo (OSA) fi dhaabbilee barnotaa olaana kan akka Hawaasa Sayinsi fi teekinology Oromo, Yuniversitota Oromiyaa fi UK kessa jirani wajjin hariiro qabun hojjata.

Keessumayyu ekspertoota Waldaa Qoranno Oromo (OSA) irra gargaarsa inni argataa jiru bu'aa guddaa kenneraaf. Wayye NOS caalaatti baruu yo barbaaddan marsariti: http:// networkoromostudies.com/ ilaalaa.

**Koree Hojii Rawwachiftuu NOS, Dec 24, 2016**